

## **Ayyaanni WBO Magaalaa Perth keessatti Kabajame milkii fi injifannoon xumuramee.**



MOA, Perth;- Ayyaanni WBO Amajjii 26/2014 magaalaa guddittii “West Australia” kan taate “Perth” ti sirna hoo’aa fi miidhagaan ayyaaneffatame. Sirni ayyaana kanaa akkuma aadeeffatametti eebsa manguddotaa fi Faaruu Alaabaa Oromoon eegale. Itti aansuun Konyaa ABO

Perth bakka bu’uun hirmaattotaan bagan nagaan dhuftanii fi galata kan galchan Jaal Gammachuu Dambalii ti. Jaal Gammachuun keessummoota hirmaattotaan erga wal barsiisaniin booda, akeeka qophichaa fi sagantaalee jiran beeksisuun MGS fi MBBA – ABO Ob. Gaashuu Lammeessaa fi gaafatamaa Jaarmayaa fi Siyaasaa kutaa ABO Australia Jaal Gammachuu Fayyeeraa gara waltajjiitti afeeran.

Jaal.Gaashuu Lammeessaa seenaa Ayyaana Guyyaa WBO yaadachiisuun dirree qabsoo fi caayaalee ABO qofaa biratti waggoota muraasaaf erga kabajamee booda guddachaa fi babal’achaa deemuun ayyaana Ummata Oromoo bal’aa ta’uu ibsan. Kan seenaa hayyoota seenaaf keenyee, akka qabsaa’aatti kan itti xiyyeeffannu haala qabatamaan har’a harkaa qabnuu irratti kan jedhan Jaal. Gaashuun qabsoon bilisummaa Oromoo yeroo ammaa qabatamaan irra jiru ayyaaneffattootaaf bal’inaan ibsan.

Qabsoon bilisummaa Oromoo ABO hogganamu bu’aa bahii fi gufuun keessaa fi alaan itti heddummaatu illee gufuulee hunda injifannoon irra aanee akeeka QBO; Bilisummaa Ummata Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa dhugoomsuuf qabsoo hidhannoo, siyaasaa, dipilomaasii fi Warraaqsa Ummataa qindeeffatee gaggeessuun humna guddaa ta’uutti Ummanni Oromoo ittiin boonuu qaba jedhan.

Wabii fi Gaacha Umaata Oromoo kan ta’e WBO ilaalchisee Jaal.Gaashuun yommuu ibsan dirree sochii kaabaa-kibba, bahaa-dhiha, akkasumas jeddu gala Oromiyaa keessaatti babal’ifachaa tarkaanfilee jajjabduu diina irratti fudhachaa akka jiru, tarkaanfii kanas jabeessee akka itti fufu ta’uu firootaa fi diinota keenya maraaf ifa goona jedhan.

Sochii biyya keessaa ilaalchisees caasaalee ABO ijaaraman fi qabsichi kan of keessa uummate Sochii Qeerroon Bilisummaa Oromoo taasisu akka jabaatee humna jijjiirraa bu’uraa argamsiisuu danda’utti Addi Bilisummaa Oromoo tumsa irraa eegamu mara of qusannaa tokko malee taasisa jedhan. Kanuma waliin hojii dipilomaasii kan ilaalu sagalee Ummata Oromoo fi sochii QBO dhageessisuun cinatti shiraa fi yakka Wayyaaneen Ummata Oromoo fi Oromiyaa irraan gahaa jirtu saaxiluuf ABO jabaatee hojjataa akka jiruu fi dhageettii hedduun argamuu kan ibsan Jaal. Gaashuun hojii gama kanaa humneessinee gurra horuun; adda durummaan hawaasa Oromoo biyya alaa jiraatan irraa kan eegamu ta’uu jabeessanii dhaaman.

Ibsa bal'aa viidiyoo fi suuraaleen deeggaramee kenname si'aa'inaan kan dhaggeeffatan ayyaanefattoonni wantota ifa hin taane hunda naamusaa fi naamusa ijaaraa ta'een gaafataniiru. Jaal. Gaashuunis deebii qubsaa deebisaniiru. Dabalataan ABO maal nurraa eega? Maal nuuf dhaamtu? Gaafii jedhuuf;



Diinonni QBOs ta'ee Ummata Oromoo cabsuuf dhama'an Wayyaanee qofa otoo hin taane kanneen bakka kufanii ka'uuf ekeraa faarsuu eegalan akka dabalatu yaadachiisuun kana hunda irra aanuuf injifannoolee amma har'aatti argame eeggachaa qaawwa diinni ittiin nu seenuu danda'u mara cufachuu keenya marikaneeffachuu akka feesisu; kanuma waliin mooraa Oromummaa keessatti of eeguun ulaagaa sabbonummaa ti kan jedhan Jaal. Gaashuu yeroon ammaa taa'anii kan hojjatu yeroo itti qeeqan otoo hin taane kan beekumsa qabu beekumsaan, kan ogummaa qabu ogummaan, kan humna qabu humnaan, kan maallaqa qabu maallaqaan qabsaa'otaa fi WBO cina dhaabbachuun gaafatamummaa seenaa jalaa yeroo of baasuu qabnu waan ta'eef bakka dandeettii keenyaa adda baafannee dirqama keenya haa baanu jechuun dhaaman.

Ayyaana kana irratti kabajamtuu fi jaalatamtuu kan taane artiisti Ilfinash Qannoo Norway irraa kan argamte yommuu ta'uu haasaa gabaabaa taasifteen jabinni qabsaa'otaa obsaa fi cichoomina akeeka dhaabbataniif qabaniin akka madaalamu ibsuun obsa waliif qabaannee tokkummaan dhaaba keenya ABO cinaa haa dhaabbanu jechuun dhaamsa qabdu dabarfatte.

Jaal. Gammachuu Fayyeeraa gama isaaniitiin sochii ABO biyya Australia keessatti taasisaa jiruu fi tarsiimoo diinni ittiin hawaasa Oromootti seentu yaadachiisuun, hawaasni Oromoo akkuma aadaa isaatti jabaatee sochii diinaa akka fashalsuu fi dursee irratti hojjatu dhaaman.

Ayyaana kana irratti Vidiyoon sochii WBO fi diddaa sabboontota Oromoo biyya keessa qalbeeffachiisu kan agarsiifame yommuu ta'uu; hirmaatonni ayyaana kanaas vidiyoolee sa'aa dheeraaf agarsiifame gammachuu fi marartoo guddaan erga ilaalanii booda battalumatti tinnisa WBO of oolu kumoota hedduun lakkaa'amu gumaachuun gumaachi fakkaataan jabaatee akka itti fufuu fi waan qaban maraan ABO waliin akka hiriiran waadaa galan. Gumaata taasifameenis ta'ee hirmaannan hawwan Oromoo Perth fakkeenya gaarii fi abdi qabsaa'otaa Oromoo ta'uu isaanii kan mirkaneesse ture.